# XIINXAALA WAL DHABBII ASOOSAMAA GINDILLAA

**CAALTUU IMANAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII**
**AARTIIAFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORIIN**
**GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO**
**AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII,**
**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**
**FINFINNEE**

# XIINXAALA WAL DHABBII ASOOSAMAA GINDILLAA

**QORATTUU: CAALTUU IMANAA**

**GORSITTUUN Dr. ; KURII BAAYISAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTIIAFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII, YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**
**FINFINNEE**

# Galataa

Duraan dursee Rakkina tokko malee sadarkaa kanaan kan na ga'e waaqayyoon guddaan galateffadha. Itti aansuudhaan ka'umsa qorannoo kana qabee hanga dhumatti hojii idilee isaaniis ta'e yeroo boqonnoo isaani aarsaa gochuun muuxannoo, beekumsaa fi gorsa bakka hundatti kan na kennaa turan gorsituu koo Barsiistuu Dr.Kuurii Baayisaa tiif galatiniko dachaa dha.

Itti dabaluu dhaan Maatii koo nuffi malee na guddisanii hanga har'a hojii kana galmaan gahutti na waliin ta'aniif, haadha koo Aragaash Fufaa abbaa koo Imanaa Dhufeeratiif galannii koo guddaadha.

Kana malees, Adeemsa qorannoo keessatti deggersa tokko tokko kan naf godhan' hiriyyoota na waliin dhaabachuun yaadaan na deggeraa turaniif galata guddaan qaba.

# BAAFATA

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........................................ 1
1.1. Ariirataa........................................ 1
1.2. Ka, umsa  Qorannichaa ........................................ 1
1.3. Kaayyoo Qoraannichaa ........................................ 2
1.3.1 Kaayyoo Gooroo........................................ 2
1.3.2 Kaayyoo Gooree ........................................ 2
1.4 Barbaachisummaa qorannichaa (significance of study)........................................ 2
1.5 Daangaa qorannichaa (Delimitation of the study )........................................ 3
1.6 Hanqina qorannichaa........................................ 3
1.7. Malleen qorannichaa (Types of research ........................................ 3
1.7.1 Akaakuu qorannichaa ........................................ 3
1.7.3. Ragaalee xiinxallii (Data analysis)........................................ 4
BOQONNAA LAMA........................................ 5
Sakatta,a Barruu  (Rivew of litreture)........................................ 5
2.2 .Maalummaa wal-dhabbii........................................ 5
2.3. Amalootaa wal-dhabbii ........................................ 6
2.3.1. Amaanamummaa........................................ 6
2.3.2.Tokkummaa........................................ 6
2.3.3.Faayidaa wal-dhabbii........................................ 7
2.4. Dagaagina (Development)........................................ 7
2.4.1.Gosoota wal-dhabbii Asoosamaa ........................................ 8
2.4.2. Wal-dhabbii Qooddataa fi Qooddataa gidduutti uumamuu........................................ 8
2.4.3. Wal-dhabbii Qooddataa fi maata isaa........................................ 8
2.4.4.Wal-dhabbii Qooddataa fi uuma gidduutti uumamu. ........................................ 8
2.5. Sakkatta,a Qorannoo wal-fakkii........................................ 9
BOQONNAA SADII........................................ 11
XIIXALA RAGAALEE WAL-DHABBII ASOOSAMA GINDILLAA........................................ 11
3.1.Yaada ogbarruu irratti Hojjetame Gabaabummati. ........................................ 11

3.2 .Wal-dhabbii Asoosamaa Gindillaa ........ 13
3.3. Wal-dhabbii Qooddatoota Asoosamichaa. ........ 13
3.3.1 Wal-dhabbii Qooddattoota Ol,aano Biqilaa fi G/mika,el ........ 13
3.3.3. Wal-dhabbii Qooddattootaa gidduu galaa Gurmuu fi Qixxeessaa ........ 16
3,3.5 Wal-dhabbii Qooddattotaa Xixiiqoo nam fakkii fi nam fakkii ........ 18
3.3.5. Wal-dhabbii Qooddataa fi Mataa isaa ........ 20
3.3.6. Wal-dhabbii Qooddataa fi Uumaa ........ 23
BOQONNAA AFUR ........ 26
4.1. Argannoo fi Yaada Furmaataa ........ 26
4.1.1. Argannoo ........ 27
4.1.2. Yaada Furmaata ........ 27
Waabii ........ 28

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Ariiratаa

Oromoon uumata ganfa Afirikaatti argamu keessaa isa tokko ta,e saba bal,aa fi daachee ballaa qabate kan argamudha.uumanni oromoo aadaa seena fi duudhaa bonsa qaba ture.adeemsaa keessaa bara1934tti xaliyaanonnii biyyaa Itophyaa seenuu isaanitin Afaan oromoo Afaan barnotaa ta,uutiin Caarraa argatee.Akkasumas galmee jeechootaa fi barreeffamoonni tokkotokko mul,achuu egalanii.kanumaa irraatti tattaffi namoonni dhunfaa tasisaan ogbaruwwan Afaan oromoo kan uumatichii ogumaa isaatti fayyaadamuun bifaa barreeffaman midheegsee qindessee aadaa,safuufi dudhaa bara irraa baratti dabarfatuudha.Asaffa(2009:20) akka ibseetti wantonni ilmi nama Afaan aadaa dudhaafi seena isaa ittin ibsatuu keessaa inni tokko ogbarruudha.

Akka yaada kana irraa hubannuutti ogbarruun dabarsa aadaa uumatatti.galmee jiruf jireenyaa ilmoo nama kan namoota hubannoo beekuumsaa,muuxannoo sadarkaa aadaa qabanidha. Ogbarruun barreeffamaa qamootaa gurguddoo sadiitti qoodama. fedhasaa(2013:67) isanis, asoosamaa, walaloo fi diraama jedhamu.  kanneen keessaa asoosamni firiwwaan adda adda of keessaa qaba. Jargochaa (history)nam-fakkii character) waldhabbii (conflict) yoomeessaa (seting)fi w,k,f, kaa,ee jira. Hojiin kunis firiwwan asoosaama Gindiillaa jedhuu xinxaaluudha. Haata,u malee ogbarruun oromoo ergaa Afaan oromoo hoii irraa olee ogbarruuwwaan oromoo yeroo amma sadarkaa guddaa irraa akka gahan gochuuf yaalamaa jiraa.

Anis kanumaa irraa ka,uudhaan ogbarruwwaan keessaa asoosamaa Gindillaa irraatti hunda,uun Hawasaa tokko keessati waldhabbiin akkamiti akka ogbaruu kana keessaati argarsisuu haala gaariin xiinxalee kaa,uun barbachisaadh

## 1.2. Ka, umsa  Qorannichaa

Ogbarruuwwan oromoo ilaalchisuun hanga ammaatti qorannoowwaan yeroo garagaraa keessaatti adeemsifamaa kan jiranidha.qorannan kunis kaalatti adda addattin kan geggeeffamuu yoo ta,u argannoowwan garagaraa kan argamanidha.gosotaa ogbarruun keessamoo Asoosamni isaa tokkodha.inni dhimaa ijoo hawaasa sana keessaa jiruu kan calaqisisudha.asoosamini firiiwwan garagaraa kan akka jargochaa (history) namfakkiilee character), waldhabbii (conflict)

yoomeessaa (setting)fi kan kana fakkatan of keessaatti qaba kanneen keessaa wal-dhabbiin irraatti yaadni isaa tuttuqameera.

Haata,u malee qorannoowwaan sun qofti ga,adha  jennee biraa darbuun quubsaa miti. Sababinni isaas ergaa qorannoon kun geggeeffamee asoosamini yeroo gara yerootti mul,achaa waan jiirani fi yeroo keenamee duukaa waan deemuu danda,uf maata duree kana irratti xiyyeeffatee wan hin jireef maata duree qacceessuuf wal-dhabbii asoosamaa dheeraa Gindillaa irraatti hojjechuuf kaka,umsaa gutuun karoorfadheen jira.

Qorannoowwan kana keessaatti gaffilee deebii argataan kanneen arman gaditti.

A. maalummaan wal-dhabbii maali?

B. asoosamni tokko wal-dhabbii qabachuun isaa mal fayyada?

C. gosini asoosamaa gindillaa keessatti argaman mali?

D. sababoonni wal-dhabbii asoosamichaa maalfa,i fi,k,k,f ni deebisaa jeechuun amaanti qoratuun

## 1.3. Kaayyoo Qoraannichaa

Hojiin kamiyyuu yeroo hojjetamuu kayyoo maata isaa qaba.qorannoon kun kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree irratti hundaa'uun kan adeemsifameedha.

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon walii gala qorannaa kanaa inni guddaan ykn xiyyeeffannaan isaa kitaaba asoosama dheeraa gindillaa jedhu keessatti wal-dhabbii mul'atu xiinxaluudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

* Sababoota wal-dhabbii asoosamichaa ibsuu.

* Amaloota wal-dhabbii asoosamichaa gadi baasanii agarsiisuu.
*  Faayidaa wal-dhabbii achi keessatti argaman mul'isuu.

### 1.4 Barbaachisummaa qorannichaa (significance of study)

Qorannaan kun qoratamee yoo xumuramu faayidaawwan armaan gadii  qabaata jedhamee amanama.

* Cimina wal-dhabbii gindillaa hamma tokko lafa kaa'a

* Barreessitoonni odeeffannoo gama wal-dhabbii gamma argatan yaadachiisa.

* Dhaloonni borii maalummaa wal-dhabbii hamma tokko akka barataniif daandii qabsiisa.

* Dagaaginni ogbarruuwwanii afaan oromoo tokkoof iddoo guddaa kan qabuudha.

## 1.5 Daangaa qorannichaa (Delimitation of the study )

Qorannaa tokko daangessuun hojichi bu'a qabeessaafi odeeffannoo gahaa ta'e akka argamsiisuuf gargaara.Kanaafuu qorannaan kun kan adeemsifamu xiinxala wal-dhabbii asoosamaa gindillaa jedhurratti kan xiyyeeffatuudha. Sababni qorannichi mata-duree kana daangesseef asoosamichaa keessaa kan jiran firiiwwan hunda si'a tokko xiinxaluuf yeroonis ta'e,baajataaf waan hin danda'amneefidha. Kanaafuu wal-dhabbii asoosamichaa irratti kan xiyyeeffateedha.

## 1.6 Hanqina qorannichaa

Qorannoon tokko yemmuu geggeeffamu hanqina qabaachuun isaa hin hafu.Haaluma kanaan qorataan tokko yemmuu qorannaa geggeessu hanqinoonni tokko tokko ni mudatu.Isaan keessaa muraasni, kitaabilee wabiif gargaaran naannootii argachuu dhabuun qorannoo sana kallattii barbaadamuun akka hin hojjenne taassisa.Kana malees hanqinni yeroos qorannoo sana kallattii barbaadamuun akka hin xiinxalamneef gufuu ta'uu danda'a. Muuxannoofi dandeeti gahaa dhabuunis akka hanqinaatti kaasuun ni danda'ama. Anis hanqinoota kan akka kitaabolee wabii yeroo barbaachisetti dhabuun rakkachaa tureera.Haa ta'u malee kitaaboleefi qorannoolee garaagaraa fayyadamuun qorannoo koo galmaan ga'eera.

## 1.7. Malleen qorannichaa (Types of research

Qorannoo kana keessatti maddi ragaa asoosamaa gindillaa xiinxaluudha.Barreessaan isaa Beekan Gulummaa Irranaati.Ragaaleen kitaaba kana keessaa funaanamanis yaad-rimeeewwan sakatta'a barruu keessatti ka'an irratti hundaa'uun xiinxalamu.

### 1.7.1 Akaakuu qorannichaa

Qorannoon kun guutummaan guutuutti qorannoo bu'uuraa yoo ta'u,bifa/mala ibsituutiin kan dhihaatuudha.Qorannaa ibsituu jechuunis wanta mul'atu,waanta raawwatamuufi waanta jiru haala isaa akka jirutti

Qorannoon kun yoo geggeeffamu mala iddatteessuu carraatti dhimma ba'ama. Qorattuun kunis kitaaba asoosamaa kana fedhaan filachuun irratti hojjechuuf karoorfatteetti.Barbaachisummaan

mala iddattoo Kanas fedhiif kaka'umsan qabu irraa ka'uudhaan yeroo naaf laatame keessatti xumuruuf waan na fayyaduufi.

### 1.7.3. Ragaalee xiinxallii (Data analysis)

Qorattuun ragaa walitti qabatte hundumaa yaad-rimeedhaan kan xiinxaltuudha. Kana jechuunis akkamtaa kan jedhu bu'uura godhachuun Barbaachisummaa isaas akkaataa qorannoon kun adeemsisuun duukkaa bu'uun akkamitti akka xiinxalamu irratti kan xiyyeenamangistu

# BOQONNAA LAMA

## Sakatta,a Barruu (Rivew of litreture)

Wal-dhabbiin asoosamaa tokko gara fuulduraatti tarkanfachisuuf faayidaa guddaa qaba.Akkuma hawaasa tokkoo keessatti wal-dhabbiin guyyaa guyyaattii uumamu.Asoosama tokko keessattis wal-dhabbiin ni uumamu.kanafuu wal-dhabbiin lafee dugdaa asoosamaa tokkooti

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu barruulee adda adda mata dureessaa waliin walitti dhufeenyaa qabu sakatta,uun barbachisaadha.sakatta,insichis qorannoo sana akka raga tokkotti gargaaruu danada,u Ragaleen barreeffama adda adda irraa fudhataman kunis kallatti dhan ta,uu danda,u kana jeechuunis kara Ifaa ta,een mata durichaa waliin kan walqabatuu fi itti dhiyeenyaa kan qabu jechchuudha.haalumaa kanaan qorannoon kun sakatta,insa kana keessaatti barrulee wal-fakkii fi yaada hayyoota adda adda fudhatee ibsa itti kenne jira.

## 2.2 .Maalummaa wal-dhabbii

Fedhasaa(2013:79)yoo ibsu wal-dhabbiin senaa asoosamaa keessaatti walitti bu,insa namfakkilee gidduutti uummamuudha.Akkuma duraan gosoota namfakkii jalattii ilaalle hayyuu dureen masaanuu qaba.masaanoonni isaa namoota qofa miti.Yaadumtisaa yeroo isaan mormuu ni jira.Dabalataan amoo nam-fakkiilee ta,e jdhanii hojii isaa gufachisuuf deemanidha.

Dimishaashumatti ijaarsaa senaa keessaatti wal mormiin nam-fakkiiwwan gidduutti uumamuu wal-dhabbii jedhama.Wal-dhabbiin dagagina senaan gara fulduuraaf bu,aa guddaa buusa.Wal-dhabbiin hin jiruu taanaan senaan gara fuulduratti deemuuf humana hin horatu.Wal-dhabbiin lafee dugdaa asoosamaati kan jedhameefis kanuumaa ta,gun isaa hin oolu.

Wal-dhabbiin gosotaa gurguddoo lamatti qoodama isaanis,wal-dhabbiin keessaa fi alaatti.Wal-dhabbiin keessaa kan nam-fakkiin tokko sammuu isaan wal falmuu yaammuu ta,u wal-dhabbiin alaa imoo kan namfakkiin tokko nama fi haala naannoo isaan wal-dhabudha.

Wal-dhabbiin caacculee Asoosamaa keessaa tokko ta,ee asoosamaa keessaatti nam-fakkiileen fedhii dhunfaa isaanii guuttachuuf jechaa walitti bu,iinsa isaan gidduutti adeemsifamuudha.Yaada kana kan deeggaru misgaanuu Gulummaa(2012:24-25)irraatti yeroo ibsu hariiroo gidduu isaanitti uumamu irraan ka,e fedhii wal fakkaatu ykn garagaraa warri qaban yoo walitti bu,an walitti bu,insa gidduu isanitti uumamu kanatu wal-dhabbii jedhamuun

uumamaa jedha.Haaluma kanaan wal-dhabbiin addunyaa asoosamaa ykn hojii kalaqaa keessaatti qamolee garaagaraa kanneen feedhii ilaalchaafi hubannoo garaa garaa qaban wal-dhabbii jedhama.

Kana malees maalummaa wal-dhabbii ilaalchisuun Birhaanu mathews(2009:34)irraatti yeroo ibsuu"The struggle bet ween tow opposing for sescreate the story,conflict)jedha.akka yaada warabbii kana irraa hubannutti wal-dhabbiin wal mormii humnotaa falla waalli ta,an kan senichaa keessatti wal dhaban irraa uumama.dabalatanis Malaknesh mangistu(200:206)irraatti akkas jechuun ibsa.(conflictis the tension in the situations between characters or actual opposition of characters the opposing forceson with the action is work of literature depends"jedha.

Akkuma yaada waraabbii kana irraa hubannutti wal-dhabbiin walitti bu,insa dhugaa hojiilee diraama fi kalaqa keessaatti humnnoonni fallaa walii ta,an tasisanidha.Kanafuu wal-dhabbiin akkuma namoonni Aduunyaa dhugaa keessaatti bu,an asoosamaa fi hojii kalaqaa keessattis nam-fakkileen gochii wal mormii kan ittin taasisanii fi hojii ogbarruu kan irraatti hunda,udha.

## 2.3. Amalootaa wal-dhabbii

Wal-dhabbiin amalootaa mataa isaa kan bu,aa qabeessaa isa taasisu qaba.yaada kana akka jooffefi iskoot(1996:5) jedhanitti.Amalootaa wal-dhabbii kan taa,an amaanamummaa,bu,a qabeessummaa fi Tokkummadha jedhu.Amalootaa wal-dhabbii kana tokko tokkon kaasnee ilaalla.

### 2.3.1. Amaanamummaa

Edward Quinn(2000:105)akka ibsutti"amaanamummaa haala dhiyeenyaa dhugummaa nam-fakkii ta,e waliin dubbii ykn yaada nutii haala qabatamaa ta,been dhiyeessinu ta,uu mala.garuu guutumman guutuutti dhugaa ta,a osoo hin tanee hamma tokko amanaamuu qaba.

### 2.3.2.Tokkummaa

Amaloota wal-dhabbii keessaa inni biraan Tokkummaadha.maalummaa, tokkummaa wal-dhabbii kana irraatti jooffefi Iskoot (1996:8) qindaa,ina jechuun Tokkummaa wal-dhabbii uume kan wal hordofaa adeemu jeechuudha. "jedhu.yaani kun kan ibsuu barbaduu Tokkummaa asoosamaa

yaani uumaman jalqaba hangaa dhumaatti hariroo kan qaban akka ta,edha.wal-dhabbiin asoosamaa tokko keessaatti uumaman wal qabatani kan deemanidha.

Kana malees asoosamaa keessaatti wal-dhabbiilee laati fi bu,uraa ta,a.kana jechuunis wal-dhabbii namini sammuu isaa waliin godhuu ykn wal-dhabbiin keessaa nam-fakkiin sun wal-dhabbii alaa akka tasisuutti kara bana.haala kanan wal-dhabbiileen asoosamaa keessaatti kan wal ijaaraa adeemuun seenichaa gara fulaa duraatti adeemsisuu.yaani wal-dhabbii human ykn wal-dhabbii asoosamaa tokko keessaatti ka,an kan wal dhaban ykn wal mormaan jechuudha.

### 2.3.3.Faayidaa wal-dhabbii

Wal-dhabbiin asoosamaa tokko ijaaruu keessaatti bu,aa guddaa qaba.Kana jechuunis asoosamini tokko yoo wal-dhabbii irraatti hin hundofinee taa,ee seena nuffisiisaa ta,a.kana malees waldhabbiin asoosamaa tokko fudhatama ykn amanamummaa akka qabatuu tasisa.Asoosamnis wal-dhabbii malee ijaaramuu hin danda,u.yaaduma kana Jooffe fi Iskoot(1996:3)akka jedhanitti"wal-dhabbiin lafee dugdaa asoosamaa tokkotti jedhu.

Yaada kana irraa akka hubannuutti Asoosaamini tokko qabee kallatti asoosamichi irraa adeemuu kan hubachisudha.yaada kana yeroo xiinxallee keenyuu akkuma namni tokko lafee dugdaa malee ykn jiraachuu hin dandeenye asoosamni wal-dhadhabbii malee uumamu ykn dhabbaachuu akkasumas itti fufiinsaa argachuu hin danda,u kara biroon gara asoosamnii itti adeemuu barbaaduu fi miiraa akkami akka qabu kan nu hubachisuu wal-dhabbii nam-fakkiin mul,ataniidha.

## 2.4. Dagaagina (Development)

Wal-dhabbiin Asoosamaa dagaagsuu keessaatti bu,a guddaa qaba.kana jechuunis seenaa tokko keessatti wal-dhabbiin nam-fakkiilee yaada faallaa qaban gidduutti uumamuu ykn immoo nam-fakkii fi sammuu isaa gidduutti uumamuu ni danda,a.haala kanan wal-dhabbiin guddataa dagaagaa deema.

Walumaa galatti amaloottini wal-dhabbii fayidaalee guddaa qabu.Tokkummaa asoosamichaa akka inni wal qabatee itti fufuu tasisaa. Amanamummaa asoosamichii yaada ykn taate addunyaa kana bakka bu,anii ibsuuf gargaara.Akkasumas dagaaginni immoo amala wal-dhabbiin asoosamichii faayidaa qamootini wal dhabaan lama wal irraa qabanif haala wal madaallii isaani asoosamichaa keessaatti akka qabaatan godha.

### 2.4.1.Gosoota wal-dhabbii Asoosamaa

Wal-dhabbiin asoosamaa akaakuwwan hedduu qaba.isaani,wal-dhabbii qooddata fi qooddata gidduutti uumamu,wal-dhabbii qooddata fi maata isaa gidduutti uumamu,wal-dhabbii qooddata fi uumaa gidduutti uumamu fi,w,k,f,dha.haaluma kanaan toorii interneeti http//google/.com/.wikepidea,org/wiki/fiction/con flict jedhu bakka shanitti qooduun agrsiisa.

### 2.4.2. Wal-dhabbii Qooddataa fi Qooddataa gidduutti uumamuu

Kun gosa wal-dhabbii qooddaattoonni (characters) lama fedhii kayyoo,ilaalcha adda adda qaabachuu irraan kan ka,ee wal-dhabbii gidduu isaannitti uumame agarsisa.

Fkn * Namoonni lama yeroo fedhii isaanii irraatti walii galu dhabuun wallolan uumamuu wal-dhabbii qooddataa fi qooddata gidduutti uuma.

* Yeroo namootinii lama yaada tokko irraatti walloolan wal-dhabbii uumamudha.

### 2.4.3. Wal-dhabbii Qooddataa fi maata isaa

Kun wal-dhabbii qooddataan(character)jireenyaa addunyaa jiraachuuf fedhii isaa duukaa wal dhabuu agarsisa.Kunis ilaalchaa qooddataan ofiif yaaduu fi ol-antummaa ofii agarsiisuuf gochaa Rawwatuu keessatti wal-dhabbii uumamudha.

Fkn

* Yeroo naminii tokko wan godhuu fi waan jedhuu wallaluu wal-dhabbii maata isaa gidduutti uuma.

* Jiruuf jireenyaa keessatti Yeroo wan filu wallalu wal-dhabbii maata isaa gidduutti uuma.

### 2.4.4.Wal-dhabbii Qooddataa fi uuma gidduutti uumamu.

Wal-dhabbiin kun imoo wal-dhabbii qooddata fi waqa gidduutti taasisudha.fakkeenyaaf Namini tokko yeroo haali isaaf mijaachuu baatu Rabbiitu nati balleessee jechuun ykn ammoo waqini kun na qabeera jechuun Yeroo dubbatuu wal-dhabbii uuma isaa fana tasisa.

Fkn

* namini tokko yeroo jireenyii itti tolu didee rakkoon itti bayatuu waqaatu narakkisee ykn amoo waaqi kun maalif akkasitti na ilalaa jeechuun uumaa isaa waalin walitti bu,a.

## 2.5. Sakkatta,a Qorannoo wal-fakkii

Qorannaan wal-dhabbii irraatti dalagaman barattootaa hedduun digirii tokkoffaa fi lammaffaatin afaanotaa garaa garaan dalagamaniiru.qorannowwaan waraqaa eebbaaf hojjetamaan keessaa muraasa fudhachuun wal fakkii qorannoo gochuun Fayyadameera.waraqaawwan eebbaa kunis:

Qorannoo Shibirree Bantiitiin dalagamee "xiinxaala wal-dhabbii asoosamaa Rayyaa dhugaa waxabajii 2008/2016,Finfinnee.Dandii Abdataa xiinxaala wal-dhabbii asoosamaa Dirmammuu waxabajii 2012,Finfinnee.fi qorannoo Caaltuu Waarqinaattin dalagamee xiinxaala wal-dhabbii asoosamaa faaya mormaa waxabajii 2005/13 Finfinnee.isaan kana faadha.

Qorannoo Shibirree Bantii keessaati Boqonnaa Afurittii qooduun qo,ate. boqonnaan jalqabaa, Ariirataa, ka,uumsa qorannichaa, Kayyoo Qorannichaa, Kayyoo Gooroo, Kayyoo gooree, barbachisummaa, dangaa, Hanqinaa,Malleen qorannichaa,Akaaku qorannichaa,mala Iddateessu fi Ragaalee xiinxallii of keessaa qaba.boqonnaa lammaffaa keessatti tiyoorii fi sakkata,insaa qorannaalee wal fakkii ta,a Boqonnaa sadaffaan wal-dhabbiiwwan gurguddoo asoosamaa sana keessatti mul,atan agarsiisa. Boqonnaa agaqorannna satti yadaa fi qabxiiwwaan irraa gahaman mul,isa

*** Qorannoo Shibirree qabixiiwwan arman gadiin wal fakkeenyaa qaba.**

Wal-dhabbii asoosamaa keessatti argamu irraatti geggeeffamuu.gosootni wal-dhabbii qorannoo lamaanuu keessatti wal fakkaachuu kunis gosoota wal-dhabbii qooddataan fi qooddataa gidduu,qooddata fi maata Isaa qooddata fi uumaa gidduu fi.k.k.f jechuun waan qoratamanif ta,uu danda,eera. Wal-dhabbii asoosamaa gadii baasanii agarsiisuu irratti wal fakkaatu.

## Garagarummaan isaani ammoo

Qorannoo shibirree keessatti wal-dhabbii siyaasaa ni ka,a.qorannoo kana keessatti garu wal-dhabbii siyaasaa hin kaa,u.qorannoo shibirree keessatti wal-dhabbii Hawasaa ni ka,a.qorannoo kana keessatti garu wal-dhabbii Hawasaa hin kaa,u.qorannoo shibirree lkeessatti wal-dhabbii uumamaa ni ka,a.qorannoo kana keessatti garu wal-dhabbii uumamaa hin kaa,u.Kaayyoon qorannoolee lamaniilee adda adda.

Qorannoon wal fakkii inni biraan qorannoo Dandii Abdataa xiinxalaa wal-dhabbii asosamaa Dirmammuu waxabajii 2012 dha.qorannoon kun boqonnaa afur qaba.boqonnaa tokko kassee

hangaa boqonnaa Afuuraffati qabxilee inni kassee hundinuu kan shiibirree waliin kan wal fakkatudha.

* Qorannoon dandii qabxiiwwaan arman gadiin qorannoo kana duukaa wal fakkaata.

Qorannoo wal-dhabbii asoosamaa keessatti argamaniin wal fakkatuu.Amalootaa fi gosoota wal-dhabbii asoosamaa keessatti argaman baasee agarsisuun.Boqonnaa wal qixa ta,e boqonnaa afur qabaachuu.

Qorannoo wal fakkii inni dhumaa qorannoo Caaltuu Warqinaa xiinxala wal-dhabbii asoosamaa faaya mormaa waxaabajii 2005113 Finfinneedha.

## Tokkummaa fi Garaa garummaa Qorannoo kana fi qorannoo Caaltuu.

Qorannoowwaan wal dhabbii asoosamaa keessatti argamanin wal fakkachuu isaa.Amalootaa fi gosoota wal-dhabbii asoosamaa keessatti argamaan baasee agarsisuu isaa.Boqonnaa wal qixa ta,e boqonnaa afur qabachuu isaa.

### **Garagarummaa qorannichaa fi qorannoo kana**.

Qorannoon kun xiinxalaa wal-dhabbii asoosamaa Gindillaa irraatti xiyyeeffataa.qorannoon Caaltuu garu wal-dhabbii fi ergaa Asoosamaa faaya mormaa irraatti xiyyeeffataa.qorannoon kun wal-dhabbii qofaa irratti kan xiyyeeffatuu yoo ta,u.kan Caaltuu immoo wal-dhabbii fi ergaa irratti xiyyeeffataa.qorannoo Caaltuu keessatti wal-dhabbii uumamaa ni ka,a.qorannoo kana keessatti garu wal-dhabbii uumamaa hin ka,u.

# BOQONNAA SADII

## XIIXALA RAGAALEE WAL-DHABBII ASOOSAMA GINDILLAA

Asoosamni dheeraa Gindillaa jedhamu kun firiiwwaan asoosamaa garagaraa kan of keessaa qabudha.isaanis kanneen akka wal-dhabbii, yoomeessaa, nam fakkii,jargochaa,f,w,k,f dha.firiiwwan kanneen keessaa wal-dhabbii yommuu tahu gosoota adda addaa of keessatti qaba.isaanis,wal-dhabbii nam fakkii fi nam fakkii,nam fakkii fi maata isaa, nam fakkii uumaa akkasumas,sababiiwwan garaagaraan kan Rawwatamee fi faayidaa garaagaraa fi seenaa asoosamichaatiif kan kennanidha.kanaaf odeeffannoowwan wantoota armaan olitti tuqaman mata dureewwan Boqonnaa kanatti aananii dhufan keessatti kan xiinxalamani fi hikamanidha.

### 3.1.Yaada ogbarruu irratti Hojjetame Gabaabummati.

Barreessaan kitabaa Gindillaa kana Beekan Gulumaati.bara 2015 maxxanffamee.

Biqilaan dhalataa Abbaa seenaati Abbaan isaa Bariisaa Abdataa jedhamaa.Harmeen isaa Dangashee jijjiigsaati.umuriin isaa barumsaaf yeroo ga,etti mana barumsa eegale.maqaan barsisaa maqaa isaa waamuu G/mikaa,el Alemsegged jedhama.kutaa 1-7tti badaasaayyuu homaa hin beekuu daddaabarsanii jennaan daddarbee achii ga,e

Ganamaa keessaa yeroon sa,aa 2:30 ta,eera.Biqilaan baratoota wajjiin daree seenee barumsa eegaluuf qophii irraa jira.Adeemsaa kana gidduutti barsisaan biqilaa maqaa waamu,lakkoofsa kudha tokkoo hin dhufnee jedhee afaan Amaaraatiin gaafate. Biqilaanis kudhaa tokko akka inni barreeffamuu fi moggaasa argatu kan godhee jiraachuu kooti jedhee deebiseef

B/s G/m singiggoo jireenyakoo yammuu kamiyyuu nyaadhee qomarraa kan na gubbuu kan akka keefi si,iidha wanumaa fedheefuu wayitii shanaffaa irratti walitti deebinaa jedheen. barumsa lammummaa barsisaa wan ta,ef wayitii shanaffa irratti,Biqilaan siqiqiin barachuu koo irraa gara manaatti galuu naaf wayya jedhee wayitii shanaffaa osoo hin baratiin gara manaatti galee, kitaaba lammummaa dubbisaa osoo jiruu qalbiin gara dareetti deebitee boqonnaa isaa dhorkitee jennaan fiigichaan yammuu kutaatti deebi,u g/m barsisa jira.

Barsisaan bakkikee qabameera! Kana booda seeneen barumsa lammummaa baradha jettee gara keetti hin yaadin.lakkoofsa kee malee maqaa kee iyyuu ani hin beekuti.Amma ba,ii ga,een

qabaadhaa jettee yaadda yoo ta,e immoo bakkeetti wal gaafanna jedheen.biqilaan ga,een qaba jettee yaadda yoo ta,e"jechuun isaa maal jechuusaati maalifan hin gaafanne jedhe.

Biqilaan yoo kutaati dadhabbaa fakkaatellee yaadaa fi qooseen abbaa isaa irraa citee bu,e.hanga mitti abbaa fi deeseen koo akkas dafqanii daranii daara na baasaa,hagabanii na nyaachisaa,gadii ta,anii na namoomsuuf jedhee gaafi kana of gaafachuu eegalee.umurii daa,imumaa yammu kutaa afur baratu ture.Biqilaan obboo Bariisaaf ilmaa tokkodha.haala maatisaa ilaalee baay,ee muddama.mana barnootaa ni deema,waan barattoonni godhan mara ni godha. Sammuun garuu isaan duukaa osoo hin tannee jireenyaa mana isaani dhiibee harmeessaa, ofitummaa fi wal-dhabdee qomoo isaa dhiphata. yeroo kutaa shan baratu barsisaan barumsaa lammummaa isaan barsisuu waa,ee heeraa fi seera rakkoowwan daangaan biyya oromiyaa sirritti kabajamee qooqnisaa deebi,eefi jira jedhee barsisan.Biqilaan teessuma gabatee barruu fuulasaa jiru irraatti gadii gombifamee yaada sammuu isaatiin isaa barsiisaan jedhuu fi wantoota abbansaa Isaaf ibsan madaalsisuu egalee

Biqilaan yeroo kutaa 8 baratuu barsiistuun afaan oromoo tokko maqaan ishee of hin barree mutaa,aa kan jedhamtuu nyaara guddunfaa itti dhuftee yeroo inni boqonnaaf bakee ba,utti. Ati hangaa yoomitti Biqilaa kan calluma jette daddarbitu? jette itti cooktee bira darbitee innis mana ga,ee kan isheen isaan jettee keessa deebi,ee yammuu yaadu hanga yoomiitti inni jedhu sammuu isaa nyaate boqonnaa isaa dhorkee ofittis guguungumee kan kan isheen ittin jettee isaa warannee of keessa buqisu wan dadhabeef,gara hiriyaa isaa dandii dhaqee barbadee waliin haasa,uuf murteesse.

Biqilaan Dandii waliin haasaa bulluqaa jalqabee osoo dubbataa jiruu,kan maata na nyaate gadi itti fudhee duddubbachuu eegalee.Daandiin dhugumayyuu ati hanga yoomitti osoo ofi hin danda,iin daddarbitaa? Biqilaa jeedhee itti oori,uu barbade.yoon callisee daddarbuu baadhees yoon cimsee baradhees jedhee gara dammaquutti dhhara.

Biqilaan gara manatti galee barruu fudhatee yammuu dubisuu eegaluu,maatan qabamee hiddilee toora toora qabatee akka tuqa goondaa gurraacha,ee,ijjii itti diddimatee machii fi abjuu hiikachuu dhabuuttiin miira maatiif hin ibsamne tokko keessa seenee osoo jiruu harmeensaa dhokatanii ilaalaa waan turanif itti ba,anii gurbaa atii har,a fayyaa natti hin fakkaatu! Kan nuuyi Abbaa

seenaa gadii dhisnee maasii Abbarree  Belachewf,kaasahuuntti kenninee as jirru tokkitti koo sin guddifannee ija dadhabbii kenyaa arguufi jettee.

Biqilaan,role harmed isin jeequu koof dhiifama! Amma gara Abbaatti deebi,iiti yeroo keenif Anis yeroo dhunfaa kootin barbaadatti jedhee.Harmeensa Abba biqilaa birraa yammuu geessu, ob,bariisaanis, mee dhibee dhallikoo qabuu natti himimee! Ulfina qabeeti mana kooti jedhee. Harmeen biqilaa kanan duraa homaa irratti hin agree hin bekuu, kun anaaf wanta haradha jette.

Biqilaan waan qayyabatu fakkaatee qalbiinsaa amallee bakkatti waan hin deebineef mataan gadi goommaa osoo jiruu harmeessaa waan hirriba dhabdeef suuta jette gara kutaa isaati siiqxee dhaggeeffattee yammuu jettuu gurbaan miira wal keessaa badaan bita ta,aa jira.Harmeen biqilaa yee dhalakoo! amma anaafi si qofaatii rakkoo si mudatee jiru naf hirimee,jette,biqilaan ijoollummaa isaatii jalqabee hubataa fi nama faara tolleessa waan ta,eef harmee ol jedhii millakoo irraa ka,iiti dhaqii boqodhu! Harmee koo sin jaladha homaa miti dhimmichii jedhee. Barreessaan Asoosamaa kana yeroo barreessee Ulagaa gutamuu qabu guttee guttee wan hin barreessinef senaan Asoosamaa kana jalqabaa hangaa dhumatti ibsee him jiruu.

## 3.2 .Wal-dhabbii Asoosamaa Gindillaa

Asoosamni kun wal-dhabbii kanneen armaan gaadii of keessaa qaba.

## 3.3. Wal-dhabbii Qooddatoota Asoosamichaa.

Wal-dhabbiin gosa kana qooddatoonni addunyaa Asoosamaa keessatti walitti bu,insa uuman jechuudha Asoosamaa<< Gindillaa kana keessattis nam ilffafeedhii adda addaa mataa isaani guuttachuudhaaf,tokko tokko irratti ol aantummaa argachuu dhaaf jedhanii walitti bu,uudhaan wal-dhabbii kan uumanidha.

### 3.3.1 Wal-dhabbii Qooddattoota Ol,aano Biqilaa fi G/mika,el

Wal-dhabbii kana keessatti Biqilaan barattoota wajiin daree seene barumsa eegaluuf qophii irraa jira.Adeemsa kana gidduutti barsiisaan Biqilaa maqaa waamu, lakkoofsa kudha tokkoo hin dhufnee jedhee Afaan Amaaraattin gaafate.

Biqilaanis kudhaa tokko akka inni barreeffamuu fi mooggaasa argatuu kan godhee jirjedhaankooti jedhee deebiseef

<<B G/mikaa,el singiggoo jireenyaa koo yammuu kamiyyuu nyadhee qomarraa kan na gubuu kan akka keef si,iidha. Wanuma feedheefuu waayitii shaanaffaa irratti walitti deebina jedhee Barumsa lammummaa barsisa waan ta,eef wayitii shanaffaa irratti (fuula.11)

<<Biqilaa siqiqiin barachuu koo irraa gara manaatti galuu naaf wayya jedhee wayiiti shanaffaa osoo hin baratiin gara manaati galee,kitaaba lammummaa dubbisaa osoo jiruu qalbiin gara dareetti deebitee boqonnaa isaa dhorkitee jennaan figichaan yemmuu kutaati deebii,u G/mika,el barsiaa jira.

Barsisaan bakkikee qabameera!kana booda seeneen barumsa lammummaa baradha jette garaa keetti hin yaadin lakkofsakee malee maqaa kee iyyuu hin beekituti.Amma ba,i ga,een qabadha jette yaadda yoo ta,e immoo bakkeetti wal gaffanna jedhee oorsisa oftuulummaafi afuufamaan guute(fuula-12)

Warabbii armaan olii kana irraa wanta nutii hubanuu iddoo kanatti barsisaan kun barattaa irratti ol-antummaa ykn dhiibbaa irratti mul,isuuf yeroo inni gara jabinan akka inni daree senee hin baranneef barnotaa irraa dhorkee boodeetti deebisuu arginaa.kun imoo wal-dhabbii guddaa isaan gidduutti uumeera.haalumaa kanan wal-dhabbii qooddataa fi qooddataa seenaa asoosamichaa keessatti akka uumamuu taasiseera.

## Wal-dhabbii Dr.Fayyisaa fi Dr.Gidelachew

Wal-dhabbii kanaf sababa kan ta,u dhukkubsaatan tokko gara Hospitaala Amboo Dr,fayyisaa birraa dhufee yammuu yaalamuu dhukkubichii Dr. fayyisaatti darbee Kennan Atattamaan hoospitaala finfinneetti ergamee akka yaalamuu tasifamee.Hoospitaala xiqur Anyirkan jedhamuu galchaan.siree qabaniifi Raffisan.utuu ofi hin bariin guyyaa afur bulee.yaali ogeessa Fayyaatiin booda gaafa of baru Dr.Gidelachew gaaffii inni Afaan wara oftuultootaatiin dhiyeesseef gaafa gara afaan keenyaatti jijjiiramee dhiyaatuu(fuula-24)

Dr.Gidelachew: maaltaatee akka as dhuftee beektaa?

Dr,Fayyisaa: lakkii hin beeku.

Dr,Gidelachew: gaafa as dhuftee lubbuun si keessaa ba,uuf daqiqaa 10 qofatu hafe.garu

garu oksijiinii siif kenninee soorata barbaachiisuus karaa hiddaa dhiigaa kee siif

laanneetu kunoo lubbuun sitti deebi,e.Haata,u maalee dhukkubni tokko iyyuu akka si Keessa hin jirreemmoo ragaan qorannoo dhiigaa kee ifa godheera.garuu akkamiin dhukkbsachuu dandeesse? waan dhiphatte qabdaa tarii baay,ina hojiifaa?....

Dr,Fayyisaa: lakkii dhukkubnikoo Abba qaba,nama dhiibamaa tokkotu gara Hoospitaala Amboo dhufee ture, maqaansaa Haqasaa jedhama.nama kana yaalii barbachisu mara ergaan taasisee fi booda gaafa ani fayyaa keeti dhukkuba hin qabduu ittin jedhu inni immoo deebisee ani dhukkuba guddaan qaba nan jedhee ture.kana irraa kan ka,ee rakkoo innii fi sabni naannoosaa keessa jiran mara gaafa ifa naaf taasisu anaani dhukkubni sun nati darbe nati fakkata.

Dr,Gidelachew:OK, wayi zerenyinnet antee...diraamaa narratti taphataa jirtaa? Antee xebbaab Amaa dhibbee keessan bira gaheera maal isn warri oromoo kun ammayyuu sammuun keessan xebbaabiidha, Rakkoon kee Rakkoo siyaasaatti edaa? Ati inni isaan keessaa barattee jedhamtus akka nama jabana duritti yaadaa jirtaa? baay,been si taajjabe utuun kanatti beeke gaafa ati miidhamtee dhuftee sana akka ati duutuuf callisee si Ilaaluu narra ture.Adaraa nama kana kottaa gadii baasaa!kun Dr, Fayyisaa utuu hin taane Atoo fayyisaa iyyuu jedhamuuf kan hin malleedha jedhee waardiyyoota meeshaa waraanaa qabatan itti waame.(fuula-124-125)

Dr.Fayyisaa:Dr,Gidelachew,na dhaga,ii Atii durumaa ajjeestee barte nama baay,eetuu harka keessanitti bade,dhiigni kee dhiigaan laaqamaadhaa.dhiibbeen obboleessi koo Haqasanis ta,e uumanni miliyoona 50, ol hara ittin dhukkubsataa jiru ifaadha.nutii dhukkuba keenyaaf dawaa wal madaalu dhiyootti argachuuf jira.Atis yeroo sanatti boolla keessa dhokatuu barbaaddatta.(fuula-126)

Akka warabbii kun agarsisuutti Dr,fayyisaan dhukkubsatani hoospitaala xiquur An bassaa deemaan,Dr,gedelachew ergaa yaali goodhanifiin boodaa dhukkuba hin qabduu jedhani.Dr,fayyisaan dhukkubini koo Abba qaba,dhukkubbaa hin qabduu gaafan jedhuu,dhukkubbaa Cimaan qaba nan jedhee turee,kanaa irraa ka,ee Rakkoo inni fi sabni nannoo isaa keessa jiraan Ifaa tasiseef innis achuumaan qabamee

Dr,Gidelachew isiin zerenyinneetidha amma dhibbee keessan bira gaheera jechuudha gara jabinan yeroo inni ammeenyaa ykn miidhaa itti yaadu arginaa, kun immoo wal-dhabbii gidduu

isaanitti uumera. Ituuma fufee Ammalee mal isiin warri oromoo kun sammuun keessan xeebbaabiidhaa jedhee yeroo inni Tarkanfii irraattii fudhachuuf wardiyyoota meeahaa warana qabatan itti waamuu arginaa.

Kanumaa irraa ka,un wal-dhabbii guddaan gidduu isaanitti uumameera kunis wal-dhabbii qooddataa fi qooddataa gidduutti kan mul dhisuudha.

### 3.3.3. Wal-dhabbii Qooddattootaa gidduu galaa Gurmuu fi Qixxeessaa

Wal-dhabbii kana keessatti Gurmuu fi Qixxeessaan obbolaa dha. Waanuma gara gara walitti fuunanani walisaanif xiyyeeffannaa keenani taphatuu,utuumaa taphatanni; ni ukkaanfamee!" jedhee Qixxeessan

Gurmuun" hin ukkaanfamne!"jedhee

Qixxeessaa"Ukkaanfameera"jedhee irraa deebi,ee

Gurmuu<< Lakkii hin ukkaanfamne" jedhee

Qixxeessaa<< Callisi anaan nakijibdaayi? Ukkaanfameeraan sin jedhee

na dhaga,ii<<mataatu gara si badeeyi? Ukkaam saniitu malee" Ukkaanfamee dhiidhimeera gab jedhii

Gurmuu<< lakkii hin dhidhimmne atuu callisi haabbee!"jechuun wal falleessan

Qixxeessaa:Atuu culluma jedhii Abbaan koo ukkaamsaniitu kan jedhuu Icitiisaa natii himerra>>

Gurmuu:Boo afaanke qabii Haatikoo ukkaamsaniiru hin jenne?"jedhee morkisaanii gara wal-dhabbiitti jijjiirameera.

Qixxeessaa:<<Afaan hin baniin! Sobduu! siraan baree jedhee Gurmuun!<<Qixxeessaa dhaan deebisee

Qixxeessaa:xiraa,aa sammuu duwwaa!"
Gurmuu:ajaa,a!Albaadhessa wayii".
Qixxeessaa: koo kenni sobduu nana! Ana albaadhesii? "Jechaa Rukkuttaa kaajeele.
Gurmuu: Eeyyee sumaanani jedhaa maal fiddaa ? jedhee ijaa diddimeffate (fuula 20-21)

Akka yaada waraabbii kana keessatti mul,atutti Gurmuu fi Qixxeessaa giddutti sababii yaadii isaani garagaraa ta,e wal- hubbachuu dadhabuudhan kan kootuu caala jechuu irraan kan ka,e feedhiin isaani waan wal falleseef wal dhabbiin gidduu isaanitti uumameera. Kun immoo seena Asoosamichaa keessatti wal dhabbii qooddataa fi qooddataa gidduutti uumamuu agarsiisa.

**Wal-dhabbii nam fakkii fi fakkii**

Mani baburaa nannoo mana barumsaa Biiftuu naqamtee jiruu baay,ina gabaa irraan kan ka,e baay,inaan wal cinaa dhaabatee daakuu ergaa eegalee bubbuleera. guyyichii jala bultii Ayyaana dhaloota gooftaa yesuus ykn Amajii tokko waan ta,eef namoota hedduutu Ayyaanaf midhan daakkata. obboo dhaabasaa fi Adee Tuujubeen achiitti qacaramaani hojjettuu. miidhaan daakuu fi qulleessanii galuu malee daaksifachuu fi quulleessiffachuu keessaa harka hin qaban

Sa,aatiin dhi,a keessaa 8:10 ta,eera xumuranii galuuf kaa,anii jedhuu abban qabeenyaa kaan isin barbachisuu bitaati Ayyaanaf ittin qopha,aa"jedhanii qarshii waa muraasa fudhanni ob,dhaabbaattii hiixatan.miindaa keessani immoo bor fudhatuu jedhan.Addee Tuujubeenis qarshii kudhaan kan isheen ittin guyyaa guutuu midhaan qulleessa olte fudhattee ob,dhaabasaatti kennitee nagaan bulaa jedhani Abba qabeenyaatti nagaa dhamaanii qajeelan.

Utuumaa haasa,aa demaani obbo dhaabasaan quufaan wan Rakkisuuf quqqufa,aa gara namootaa ta,anii tamboo arsanii yammuu ga,aan qufaa obbo dhaabasaa dhaan Baatiriin keessaan du,aadhaa isinii dhiibnuu konkolaataa kana" ittin jedhee, warri lammaan immoo baatirii du,aadhaan duukkana keessa ooftuu?"jechaa jaarsaa fi jaartii utaalanii qabanii dhiituu fi kabaluu eegalan. Waan isin harka jiru fidaa!" jedhu cuubee mormatti safaruu.obbo dhaabasaan itti cichee waan maata jabaateef harkaa isaa keessa waraananii sakkatta,anii Qarshii keenameef harkaa fuudhatanii deemaan (fuula 14-15)

Yaada warabbii armaan olii kana irraa waantii nuti hubbanuu wal dhabbiin obboo dhaabasaa faa fi namootaa saadii gidduu turee kun,jaarsa fi jartiin kan isaan guyyaa guttuu dadhabaanii, joraani hojjeetaa, olaani argaataan humnaan irratti ka,u dhan Reebaani Harkaa fudhaachudhaan wal-dhabbiin tasiifameraa.kunis wal-dhabbii qooddataa fi qooddataa gidduutti kan uumeedhaa.

**3,3.5 Wal-dhabbii Qooddattotaa Xixiiqoo nam fakkii fi nam fakkii**

Jarsaa fi jartiin ilmaa isaani mana hidhaa qalitti jiruu ilaalu deema jiru. gaafa achii ga,aan loltuun tokko itti as dhufee mal barbaadan?"jedheen,Afaan Amaaraatiin. Asi nama gaafanna jenneetti" dhufnee jedhen,yeroon darbeeraa Arguu hin dandeessaan jedhee jarsaan

> Mee an kadhadhuu?,jedhanii jaarsa gaafatan jartiin.
> Afaan kee beekuree? Kan yoo beekaniis tole siif jedhuu!"
> jaarsi jennaan jartiin rommaa,gara loltuu sana bira ga,anii
> maloo goftaa koo! Biyya Fagoodhaa dhufnee? ilmuuma yoo
> qabaattan................ilmumaa keessanii jedhaa nu gaargaara jedhaan
> "Maal jettaa namitti? " jedhee egduu ykn baladiin sun fuula badee Afaan
> Jartiin hin beekneen" maloo ilmakoo waaqayyoo dhumaa jedhaa! ilma koo
> Maloo ilmaa koo!" jedhan jaartiin ammallee "irraa debihaanii kadhatu homtinuu hin
> jiruu!"
> "Bakka kana gadhiisi namittii!" jedhee ammana kan hin jedhamneen lafa irraa kaase,
> harkaan darbataa Afaanummaa jaartiin hin beekinee sanan arbsaa achii baasee.
> (Fuula-667)

Akka warrabbiin kun ibsuutti warreen ilmaan oromoof ciisaanii hin bulee ykn Furmataa wara ta,an osoo hin tanee,warrotaa dhiibbaa siyaasaan nama midhantuu jarsaa fi jartii ta,ee egee,gaafi isaan gaafataniif dhiphisuu dhaa kanafuu wal dhabbii qooddataa fi qooddataa gidduutti kan umee dhaa.

**Wal-dhabbii qooddattoota Xixiqoo inni biraa Sinboonee fi Namichaa Karaa Demaa**

Sinbooneen dhalattuu magaalaa Naqamtee kan taate seexa qabeetti mana barumsaa sagantaa qophaa,inaa kutaa 12 barattu Abbaa ishee gara magaalaa finfinneetti geggeessitee hiriyaa ishee baay,ee jaallattuu fi walin baratan maqaan ishee simalee jedhamtuu wajiin dubbannaan isaani isa wal hin quuqne sanaan osoo haasa wal jijjiraa walitti tolani bakki isaan itti gargar ba,anii Sinbooneen Konkolaataa magaalaa qabattee gara manaatti deebituu marfataa isa gara waajjira fannoo diimaatti aanee jiru biratti waan tureef gargar ba,anii deebi,aa osoo jituu gurbaan biftii fi namummaan isaa,qooqnisaas sabichaaf hin gallee qabatee qabeenya Abbaa kee bakka inni jiru natii agarsiisi. Amma natti himi jechuun lubbuutti guraaree Ariifadhu kanaan achii jedhee itti luqifatee rifachisee.

Ta,us bifti ishee qabeenyaa Abbaa ishee Caalee waan itti argameef bakkee ykn irraa keessa kan jiru qofaan liqinfamee itti siqee miira kan biraan liqinfamee,nama kayyoo isheef gara murattee aggaammataa jirtu se,ee hin herregne.keessasaa kan guute sanatu keessa ishees guutee jira se,ee gara qoccoluu fi itti sesseeqachuu barbaade.mucayyoon kormee waan turteef daftee gadi itti of hin dhiifne garuu osoo namni biraa hin ga,iin qabee itti taphatee qajeele.jinnii hidhaan hin danda,u.dhalataa magalichaa miti dhufee itti gale.

Mucayyoon Conqoltoo diirirfamtes, achii fuudhanii yammuu mana yaalaa magaalichaatti geessan du,aaf jireenyaa giddu jirti.

Akkaa warabbii kana irraa hubanuutti seenaa Asoosamaa kana keessatti wanti mul,atuu sin booneen Hiriyaa ishee simalee wajiin Abbaa ishee gara magaalaa finfinneetti geggeessitee utuu deebiyaa jirtuu namichii itti dhufee qabeenyaa abbakee lafaa jiruu nati agarsisi jeechuun yammuu inni Aboo isaa itti mul,isuu arginaa. Kana malees bifti ishee qabeenyaa irraa waan caaleef Moira kan biraan liqinfamee,waan feedha isaatti irraatti Rawwatee deeme.sababi kanaf mucayyoo kana irraa miidhamni waan ga,eef wal-dhabbiin uumameera.kunis wal-dhabbii qooddataa fi qooddataa fi qooddataa gidduutti kan uumee dha.

**Wal-dhabbii Obsinee fi Gurmuu**

Obsineen mana gadii batee ta'a utuu jirtuu sagalee wayii dhageessee lafaa utaalte yoo gara manaa olseentu Gurmuutu bane Raadiyoo Afaan Amaaraa dubbatu bira dhabata.sanyii ibiddaa daaraan nama guba! mee Callisii akkam godhataayi?"jetteen. Raadiyoon caqasaam" jedheen<<Deem asii! Maal beektaa caqafta! "jette Raadiyoo cufte. Caqasu malee " jedhe utuu inni boo'u isaan buna dhuguu.mucan mana keessaa takkaa fiffigee ammas gara Raadiyootti qajeele."dhiisi! "jetteen haatii dhiisuu dide " lakkii dhiisi Gurmuu!"jettee quba itti mirmirsite. Ammallee hin dhiifne, fuula itti baddee "lakkii har'a gurbaannana" isheen jennaan "Raadiyoo sana utumaa tuttuqu bakka jiru gubbaa irraa lafaan dha'e yoona haati aartee harkasaa keessa dhoofnaan boo'e.Akoon isaa ofitti waamanii sossobuuf yaalan Callisuu didee. Amma haati itti darbitee sossobuuf ofitti harkifnaan <<sin fedhu! Sin jaaladhu! jedhee Callisuu dide.

" Ana haa dha'u! lammaffaa si hin dha'u gooftaa koo! "jettee toosifte.

" Ee! gaaf tokko na dhooftee...............sin dha'u naan jette! Ati anuma sobda! Ati jedhen (fuula 30-31)

Akka warrabbiin kun ibsuutti yaadi obsinee fi Gurmuu gidduutti wal dhabbii uumee kun Gurmuun Raadiyoo Afaan Amaaraa dubaatun dhageeffaadha jedhaa.obsineen garuu akka inni dhageeffaatu hin barbaduu .kun imoo sababii feedhiin isaanii gargar ta'ef waali galuu hin dandeenyee kanumaa irraa ka'udhaan wal dhabbiin qooddataa fi qooddataa gidduutti Akka uumamuu ta'eraa.

**Wal-dhabbii Hidhamaa tokkof Dabarsitoota Dhukkuubichaa**

Jarri dabarsitooni dhukkubichaa lamaan hidhamaa tokkon " eeyyama eenyuutiin kutaa baate! Kun bosonaa miti! Bilisummaa Bilisummaa'jedhaa bakkee muka keessa deemtaanii nama Saamtanii miti kan jirtu! jaalattee jibbitee akkanatti dhiitamaa jiraatta! Dhiitamuu miti! Lubbuu kee yoo baafne kan nu gaafatu akka hin jirre wallaaluun kee wallaalummaa kee hima! Jaalattee jibbitee nu jala jirta!......." jedhanii karra kutaa sanaatti dhiitichoo fi uleen itti taran. "Asii achii bitamtani! Hanga barbaanne isin binna! Jaalattanii jibbitanii akka kanatti dhiinnee issin binna! Fayya buleeyyiin isin itti dhaadattanillee homaa isiniif hin godhan! Akkanumatti utuu gubattanii dhumtu malee homaa hin fiddan! Homaa! Harriin!.........." Jedhaani nama sana tumaani lubbuu itti guraaranii,kutaa sanatti ol darbatannii balbala duubaan cufanii deemaan (fuula-91)

Akka yaada armaan olii kana irraa hubanuutti wal-dhabbiin kun kan mulatuu dabarsitoonni dhukkubichaa hidhamaa irratti miidhaa geesisuu isaani arginaa.kun imoo ilmaan oromoo irratti dararfaamuu guddaa fi miidhaminii garagara mana hidhaa keessaatti akka irraa ga'aama jiruu kan ibsudha.Sababi kanaf wal-dhabbiin tasifameera.kunis seena Asoosamaa keessatti qooddataa fi qooddataa gidduutti wal dhabbii akka uumamuu tasisera.

### 3.3.5. Wal-dhabbii Qooddataa fi Mataa isaa

Wal-dhabbiin qooddataa fi mataa isaa kan uumamu yeroo qooddatan Fedhii mataa isaa gara garaa lama yoommeessaa keessatti isa qunnamudha. yeroo kana qooddattoonni sammuu isaanii keessatti kam akka filataan wallaalanii joonja,u yeroo kana wal-dhabbiin nam fakkii fi maata isaa gidduutti uumamaa.

**Wal-dhabbii Biqilaa fi Maata isaa**

Wal-dhabbii kana keessatti Biqilaan yeroo mana barnotaa deemutti wan barattoonni godhan Mara ni godha.sammuun garuu isaan duukaa osoo hin taane jireenyaa mana isaanii dhiibee harmeesaa oftummaa fi wal-dhabdee qomoo isaa dhiphata.yeroo kutaa shan baratuu Barsisaan barumsaa lammummaa isaan barsisuu wa,ee heeraa fi seera Rakkoowwan dangaa fi sab-lammootaa isaan barsisa ture. Dangaan biyyaa oromiyaa sirritti kabajamee qooqni isaa deebi,ee fi jira jedhee barsisichii

Biqilaan Teessuma gabatee barruu fuula isaa duraa jiruu irratti gadi gombifamee yaada sammuu isaatiin isaa barsisaan jedhuu fi wantotaa abbaansaa isaaf ibsan madalsisuu eegalee. Rakkoo sammun koo ittin qabamee kana Rakkinaa kootiin natii seenanimoo dhaladhee akkan lamsha,u dhiibee hin qoratamneen hir,uu yammuun ta,u baran achii jedhamee akka Lakka,amuuf moo?.........jedhee amumaa boo,ichaa eegalee (fuula-13)

yaada armaan olii kana irraa wantaa nutti hubanuu,Biqilaan yeroo mana barnotaa deemuutti wa,ee dhiibee harmeessaa,ofitumaa fi wal-dhabdee qomoo isaa yaadan dhiphaata.wantootaa Abbaan isaa isaaf ibsaanif wanta barsisaan dareetti barsisuu Mara walin madalee gaafin biyyaa fi Rakkoon maati isaalee gaafi itti ta,ee jiraa.kanafuu Biqilaan sammuu isaan wal-dhabbee jireenyaa bushaawaa jiratera.kunis seenaa Asoosamichaa keessatti wal -dhabbii qooddataan sammuu isaa waliin taasisu uume ture

**Wal-dhabbii Biqilaa fi maata isaa**

Dabarsitooni dhukkubichaa hidhamaa sana irratti miidhaa irratti geesisuun isaani kun Biqilaa garaa dhukkubse.jarri iddituun akka sonsaa,qoba galeettiin akka Qeerransaa leenca ilkaan hin qabne ta'ee hafuun ammoo isa gube, silaa leenci dullome Boombii funaanaa fi Qeerransa Roobni dhaane wallaallaan Iyyaa seeti <<oromoo Eenyuumatu leenca ilkaan hin qabne godhee hambise? Wanti deebii dhabe tokko yeroo kamuu gaafima wan namatti ta'uuf of gaafate. yoom akka Aarii dhiisu hin beeku Aaruun dhiisa jedhuus arriin isa hin dhiiftu.hin yaade,Aariidhaan.Garuu aarii waa gootu hin ture.jara oromoo darartuu sanatti goonni isaa numaa qofa fakkaachuun ammoo isaa ajaa'ibe.(fuula 91-92)

Yaadi armaan olii kun kan ibsuu kan jarri dabarsitoonni dhukkubichaa hidhamtichaa irratti Rawwatan isaa Arsee oromoo enyuumaatu leencaa ilkaan hin qabnee godhee hambisee! Wantii deebii hin qabnee tokko yeroo kamuu gaafima jedhee kan deebii hin of gafaatee sammuu isaa waliin wal dhabbii tasisuu jalqabee. Kunis wal dhabbiin qooddataa fi maata isaa gidduutti Akka uumamu godhera.

**Wal-dhabbii Finiinsaa fi Mataa isaa**

Iddoo kanatti finiinsaan waan addunyaan kun baattu kanan quunaan safareen afarsaan qulleessee garuu habaqii malee sanyii sanyiif dhiigdun keessaa dhabe.kanafan addunyaa kana jibbe! baduumoo jiradhu? amoo jiraachuu nisoo baaduu irraa hin wayyuuti jedheen Tuullaa qilleensaa irraa faanaa malee yaadan Adeemuu jalqabee,deemsa daangaa fi dhabbii hin qane keessaa akka nama hirriba du,aa Raafuu cullux"jedheen akka Abjuu wayii wa argee abjuun saas

hangaa Amma sammuu koo keessatti ba,aa ta,ee guyyaa da,umsaa waan eggatu fakkaata jedheetu sammuu isaa waaliin wal-dhabbii uumaa.

Abjuu inni abjatees akkas jedhaa ture! nama guddaa tokkotu kan hojjaan Samii keessa dhaabatutu handhuura biyyaa keenyaa finfinnee keessa dhabata.adda isaati waan akka biftuu,miila isaatti ammoo abiddaa baatee harkasaa irraatti ammoo guca xombooraa ifisaa biyyaa Afiriikaa irraa boba,u kan fiixeensaa kallatti afuriin banbanu baatee akka nama qalbiin butameetti olii gadi lafaa oliifi duumeessaa gadi akka jobiraa balalii,un large.(fuula -131)

yeroo dubatuu amoo qubee bifaa geengootiin maramaramee jeechoota hiikoo qaban hedduu waan tuttufu fakkaata. hangan jeechootaa sana aritiin dubbiisuuf yaaleetti kana boodaa boo,ichii ni hafa! dhiigni dhiigaa barbada.sanyiin sanyii iyyaafata! balaaleffannaa fi wal nyaachuun iddoo hin qabani kan jeedhu dha.

Utuuma Abjuu kana dugdaan cisee ilaala jiruu gidduutti namni tokko alaabaa qalama lama qabu sammuutti xaxatee baharraa fiigaa dhufee umurii umurii arraageesaa humna humna bishaanii siif haa kenuu naan jedhee anis hirribaa keessaa wareereen nama sana dubbisuf nahee yeroon ka,utti namichii na birraa hin jiruu.wayyoo wayyoo wanin amma arge ture abjudha malee dhugaa mitii jedheen guyyaa itti dhaladhe abaaruu jalqabee (fuula-132)

Akka waraabbiin kun ibuutti finiinsaan sammuu isaa keessatti yaadota laman qabamee ture.yaani isaa inni duraa wan Addunyaan kun baattu kanan quunaan safareen afarsaan qulleessee. garuu habaqii malee sanyii sanyiif dhiigduun keessaa dhabbee,kanafan addunyaa kana jibbe,baduu moo jiraachuunisoo baduu irraa hin wayyuutti jedha.

yaadi isaa kan biroon Abjuu abjaatee abjuunisaa dhugomuu wan diddeef guyyaa dhalattee abaaree.haala kanan finiinsaa fi sammuu isaa gidduutti wal dhabbiin uumameera.kunis qooddataan yeroo sammuu isaa duukaa wal- dhabbuu agarsisaa.

### 3.3.6. Wal-dhabbii Qooddataa fi Uumaa

Gosti wal-dhabbii kun qooddattonni sababoota garaa garaatin uumaa isaanittin yeroo morman kan uumamudha. Asoosamicha keessa kan fuudhatamee yeroo ilaalluu

**Wal-dhabbii Obboo dhaabasaa fi Uumaa**

Wal-dhabbii kana keessatti obboo Dhaabasaan ilmaa isaani barsifaachuu hin barbaaduu garuu sababa Rakkoo hedduun jiraanif barsifachuu hin dandeenyee. obboo dhaabasaa nasuu fi Aariin gurraachessee Cilee gubaa badee fakkeesseera. Lafan lixe lixeen kanan ta,u ta,een si barsisaa.........wadaa isaani ni yaadatu.

Yaa waqayyoo nannoo deegummaa akka ogummaa kootitti akkan hedadhu duraan kakuu naaf seentee ijoolee koo ammoo qabeenyaa ani qabu isaa tokkoffaa Rakkina akka dhaalaniif garaa

naaf laafuu keetti? jedhani taa,anii akka nama gobaan waranee hadha,a kulkulfatee hooqqaatuutti ta,anii yaada isaan hooksisee hoqqatu.(fuula-17)

yaani waraabbii kana wal dhabbiin nam fakkii waaqa ykn uumaatti bifa gaaffin kan uumamee ta,uu agarsisaa. kunis obboo dhaabasaan,yaa waqayyoo nannoo deegumma akka ogummaa kootitti akkan heeddadhu duraan kakuu naaf seentee ijoolee koo immoo qabeenyaa ani qabuu isaa tokkoffaa Rakkina akka dhalaniif garaa naf lafuu keeti jedhee gafate.haala kanan wal-dhabbiin nam fakkii fi Uumaa giduutti uumameera.

**Wal- dhabbii Haqasaa fi Uumaa**

Haqasaan kophaa isaa wayyaa isaa maata irraa buufatee hareeda isa mormarra ga'u sana raasaa gara magaalaa seena qabeetti Ambootti gadi qajeele.Amboon ga'ee ijoollota oromoo gaaffi

mirgaa gaafataa,garuu deebiin isaanii afaan Rasaasaaf ta'e saana gadii itti ciisee yaaduu jalqabe. Akkas jedhee guungummii jalqabee uummanni kun filatee utuu hin taane "uumaatu" asitti isa uume.Gaaffii abbaa biyyummaa gaafachuu fi gaaffi Oromiyaan maaf saamamti jedhu dhiyeessuu qofaan deebiin kennamu mareetiin amansiisuu utuu hin taane.Rasaasaan ta'e,kun maaliif? daangaa biraa irraa dhufee afaan,aadaa fi Eenyuummaa sabichaa utuu hin beekiin asi gadii rasaasa irratti roobsa kan jedhuufa ture.

Akka yaada warabbii kanatti Haqasaa fi Uumaa giddutti wal dhabbiin Uumamee kun Uummanni kun filate utuu hin taane,waqqaatu Asiiti isaa uume Gaaffi Abbaa biyyummaa gaafachuuf gaaffi oromiyaan maaf saamamti jedhuu dhiyeessuu qofaan deebiin keennamu mareetiin amasiisuu utuu hin taane, rasaasaan ta'e kun maaliif eenyummaa sabichaa utuu hin beekiin Asi gadii Rasaasa irratti roobsa jedhee Uumaa irratti gaffii kana dhiyeessee. Kun immoo wal dhabbii qooddattooni Uumaa isaani waliin tasisaan ibsa.

**Wal-dhabbii Obsine fi Uumaa**

Wal-dhabbii kana keessatti Obsineen yeroon isaa ganama Caama ganamaa keessaa Teessee booquu gadii qabdee yaadaan biyyaa sana hin jirtu, Abbaan mana ishee bubbuleera kan ba,ee achii buuten isaa dhabamee guyyaan torbaan itti ta,e osoo jiruu ergaa qaroo isheettin argitee baati lama ta,e jiraa. <<Uumaan kun dhalaa nama kana maalumaaf Bineensa walitti godhe?............badiisa waali isaa keessaa gammachuu barbaada? hanga wal miidhutti jiraachuu hin danda,uu? hanga bultii wali diigutti kan dhunfaa isaa jiraachuu hin danda,uu? Warrii isa qabee dhabamsiise hagam gammadeeraa laata? jettee Obsineen(fuula-27)

Akka yaada warabbii kana irraatti obsineen sababii abbaa mana ishee fudhanii dhabamsisaanif namni hangaa wal midhuutti jiraachuu hin danda,u <<Uumaan kun dhala namaa kana malumaaf Bineensa walitti godhe? jette. sababii kanaf Uumaa fanaa wal-dhabbii uumtee. Kunis wal-dhabbii nam fakkii fi Uumaa seenaa Asoosamichaa keessatti akka uumamuf godhera.

**Wal-dhabbii Uumaa fi nam fakkii**

Abbaa yoomiyyuu fi hadhii isaa ilmaa isaani manaa hidhaa jiruu ilaaluu dhaqaani Utuu hin argiin gallanif mal godhuu dandeenyaa?amma kanaafuu, gara biyyaa galleetuu yeroo bira nama

qabannee deebi,uu malee malli biraan hin jiru jedhan jarsii << Waqumatuu" hin arginaa jeedhee beenu haadha yoomiyyuu koo!" jedhan

Akkaa yaada warabbii kanatti Abba yoomiyyuu fi harmeen isaa sababaa mana hidhaa inni jiruu

ilaaluu dhaqanni utuu hin argiin wan gallannif waaqumatuu hin arginaa jedhee jechuun uumaa fanaa wal-dhabbii Uumuu,kunis wal-dhabbii nam fakkii fi uumaa seenaa Asoosamichaa keessatti akka Uumamuu tasisee jira.

Walumaa galatti Asoosamaa tokkoo keessatti yemmuu qooddataan waantootaa fedhii isaani guttachuuf socho,aan garuumoo sababa guufuwwaan adda addaatiin osoo hin guuttatin hanqatan waaqa ykn uuma isaanitin wal-dhabu.wal-dhabdeen bifaa kanatu wal-dhabbii qooddata fi uumaa jedhahin

# BOQONNAA AFUR

## 4.1. Argannoo fi Yaada Furmaataa

waraqaan qo,annaa kun boqonnaa afur of keessaa kan qabu yammu ta,u mata dureewwan xixiqqoo garagaraatti qoqqoodame dhiyaate.qorannaan kun kan irratti xiyyeeffate wal-dhabbii Asoosamaa dheeraa<< Gindillaa" keessatti kan mul,atanidha,kunis kan hikamee Akkata wal-dhabbii seena Asoosamichaa keessatti lafa ka,eera.kana malees Amalootaa wal-dhabbii Asoosamichaa keessatti argaman.Tokkummaa,Guddinaa fi Amanamummaa isaani maal akka fakkaatuu kan agarsisudha.qorannaan kun barattoota wal-dhabbii Asoosamaa kan ogbarruu oromoo irratti hojjechuuf jiraniif Fakkeenyaa ta,uu danda,a jedheen yaada.

Argannoon qo,annaa kanaan argamee wal-dhabbiin Asoosamaa dheeraa <<Gindillaa "jedhamuu keessatti Argaman haala wal simataa ta'en jaargochaa dhangala'a yaadaa wal simaataa kan qabu garuumoo goosoni wal dhabbii argamani baayiinaan kan wal hin madaallee akka ta'e kan ibsudh. Gosti wal dhabbii Asoosamichaa keessatti baayiinaan mul'atu wal-dhabbii qooddataafi qooddataa gidduuttii uumamudha. Kunis qooddataan Asoosamichaa yeroo baayyee qooddataa wal dhabbii ykn walin mormii godhaa turan ibseera. Sababni isaas qooddataa Asoosamichaa dhibbaa akka baratoota oromoo irraan ga'amu ibsa.karaa qooddatooni wal dhabbii kanaa umaan yoo ilaallee qooddataa guddichii Biqilaadha. Biqilaan baratoota waajiin daree seene barnoota yeroo egaalutti barsisaan dareettii maqaa wammuu afaan amaaraatiin lakkoofsa kudha tokkoo hin dhuufne jedhee barsisaan . Biqilaanis kudha tokkoo akka inni barreeffamuufi moggasaa argatuu kan godhee jirachuu kooti jedhee debiseefi.
Barsisa G/Mikaa'el singiggoo jireenya koo yammuu kamiyyuu nyaadhee qomarraa kan na gubuu kan akka keef si'iidha. Wanumaa fedheefuu wayitii shanaffaa irrati walitti debina jedhee barumsa lamummaa barsisaan wan ta'eef. Biqilaan siqiqiin barachuu koorraa gara manati galuu baafwayyaa jedhee wayitii shanaffaa osoo hin baratiin gara manattii gale kitaaba lamummaa dubbisaa osoo jiruu qalbiin gara dareetii deebite boqonnaa isaa dhorktee jenaan fiigichaan yemmuu kutaati deebi'u G/milkaa'el barsisaan jira. Yeroo Biqilaan dhuufu bakkikee qabameera! Kana booda seenen barumsa lamummaa baradhaa jettee garaa keetii hin yaadin lakkoofasa kee malee maqaa kee iyyuu hin beekutii. Ammaa ba'ii ga'een qabadha jettee yaadda yoo ta,ee immoo bakkeetti wal-gaffannaa jedhee oorsisa oftuulummaa fi afuufamaan guute(fulaa-12)
Akkuma ibsa arman olii keessatti Tuqametti fakkeenyii qoddataan guddichii Biqilaan

fuudhatamee kun walitti hidhatinsi wal-dhabbii isaa wal-dhabbiiwwan seenaa Asoosamichaa gara garaa jirani waalin qindoomina jargocha Asoosamichaatif gumaachaa kan tasisaanidha. barreessan kun Ulagaawwaan kana osoo fayyadamuu baatee Asoosamichii dubbistoota biratti fudhatama dhabuu danda'a kanafuu barreessan Asoosamichaa Ulaagawwan kana olii gutee barreesseera.

### 4.1.1. Argannoo

Addunyaan kun Rakkoo garaagaran kan weeraramtedha.Rakkoowwan mudatan kanaaf immoo furmaatii barbaadamuun dirqamadha. furmaanni kan barbaadamuu kara qorannoo adda addatin bu'aan qorannoo tokko irraa argamuu argannoo jedhama.Argannoon xiinxalli qorannoo Wal-dhabbii Asoosamaa dheera Gindillaatin argamaan kanneen armaan gadiiti.

Sababoonni wal-dhabbii Asoosamichaa feedhii dhuunfaa qooddatan qooddata waliin qooddataan uumaa waliin qooddataan,maata isaani waliin qooddataa nidha.Gosotini wal dhabbii Asoosaamichaas wal dhabbiiwwan kanneen akka wal dhabbii qooddatoota gidduu,qooddataa fi maata isaa qooddataa fi uumaa jedhamuun ibsamaniru.Kara fudhatammaa wal dhabbiitin wal qabaatee Adeemsa qorannoo Adeemsifameen kan biraa ga'amedha. Haaluma kanaan wal dhabbiin Asoosamaa dheera Gindillaa keessaa jiran kanneen Addunyaa qabatama keessatti Rawwataman irraa adda akka hin taane boqonnaa sadaffaa keessatti ilaalleera.

Fayidaan wal dhabbii ilaallees Asoosamichi wal qabaatee akka deemuuf (itti fufinsaa Akka qabatuf gargaruu.Amalonni wal dhabbii Kitaaba Gindillaa ka'umsa qabaatani fininuun Akka xumuuramaan wal dhabbii Fakkeenyaa kitaaba keessaa fudhannee arguun danda'ameera.

### 4.1.2. Yaada Furmaata

yaadni furmaataa waantonni akka haqinaatti fudhatamani fi furmaata ta'a jedhamee kennamu kan armaan gadii kana fakkaata.isaanis,wal dhabbiin Asoosamaa tokko keessatti uumamuu, gosoota wal dhabbii jiraan hundaa bifa wal madaaleen osoo dhiyate Asoosamichii daran hawata.Cimini wal dhabbiilee gochootaa akka gootummaa,hinaaffaa f,w,k,f hin ibsamnee.isaan kun Asoosamichaa keessatti goochootaa Akka Tuffii,arbsoo fi k,f, ibsamaniruu.goochotini kun Osoo haala gootummaa, sossobaan dhiyaatanii daraan Asoosamichi akka itti fufinsaa qabatuuf gargara jedheen yaada furmaata kon golaba.

## Waabii


Addunya Barkeesaa (2011).Akkamtaa :finfinnee

Beekan Gulummaa irranaa (2015)finfinnee Oromiyaa

Bihaanuu Mathews.(2009).fundamental of lite 2nd edition Addis Ababa.Alpha printer plc

Edward Quinn, A,Dictionary of literature and The matic Terms ,New York, printed on acid free paper,1999

Fedhasaa Taaddasaa (2013).SUBI: Bu'uuraalee ogbarruu Oromoo.finfinnee.oromiaa

Http://en.wikipedia.org/wikil fiction/conflict

Jaffe,H, underain and virgil Scotti Student in short story,New

Malaknesh mengistu Fundamental of literature,Fourth Edition Addis Ababa University press,2006

Misgaanuu Gulummaa (2012) yandoo: ogummaa fi og walaloo oromoo finfinnee

## Mirkana Qorannichaa

Ani barattuun maqaan koofi mallattoon kiyya armaan gaditti kaayyaamee,hojin kun kan koo ta'u  isaaf yuunivasiitii kamittiyyu kan hin dhiyaatiin ta'u isaa naan mirkanneessa

Maqaa  Caaltuu Imanaa

Mallattoo ________________________________________

Guyyaa __________________________